Kutaa 1

Daakiyyee



Read Aloud

Daakiyyee

Read Aloud | Kutaa 1



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa Dhaabbata ‘USAID’ irraa argameen,walta’iinsa Dhaabbata ‘Save The Children’, Ministeera Barnootaafi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/



Daakiyyeen allaattii naannawa bishaanii jiraattudha.



Daakiyyeen qaama ishee galaanatti dhiqatti.



Qaama ishee jiidhes galaana keessaa baatee hurgufatti.



Sana booda, qaama
ishee aduutti qoorfatti.



Qaamni daakiyyee qulqulluu waan ta'eef, tafkiifi silmii hinqabu.



Cuuconni daakiyyees haadha waliin qaama isaanii dhiqatan.



Wayita isaan qaama dhiqatan haati isaanii diina irraa eegdi.



Cuuconni galaanaa baanaan baallee ishee jalatti qaama isaanii qoorsitiif.

Cuuconni daakiyyee awwaara irra hinqubatan; dhakaafi mukarra taa'u.



Yoo awwaara irra qubatanis battalumatti qaama isaanii dhiqatu.



Kanarraa kan ka'e daakiyyeen osoo hindhukkubsatiin bara dheeraaf jiraatti.

Dhalli namaas tooftaa qulqullina eeggatu daakiyyeerraa barachuu qaba.